# ISIN hepatitis B DHAF TALAALLII FUDHACHUU QABDUU?

Hepatitis B vaayirasii tiruu miidhuu fi kaansarii tiruu fiduu kan danda'uudha.

Namoonni baay'een miirri dhukkubbii waan isaanitti hin dhagamneef ykn waan dhukkubsatan waan isaanitti hin fakkaanneef akka qabaman hin beekan, garuu vaayirasicha gara namoota birootti dabarsuu danda'u.

Talaalliin hepatitis B ittisuu kan danda'u yommuu ta'u balaa hin qabnee fi bu'a qabeessa ta'e ni jira. Guutumaan guututti ofirraa ittisuuf lilmoo talaallii walfaannee xumuruun isin irraa eegama.

## Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu danda'a:

- Dubartiin ulfa taate yommuu deessu gara daa'imaatti
- Tuttuqqii wal-qunnamtii saalaa
- Dhiiga nama qabamee tuttuquu
- Haadduu, qulqullessituu ilkaanii ykn muraa qeensaa waliif qooduu

# EENYUTU TALAALLII FUDHACHUU QABA?

- Daa'imman hunda
- Daa'immanii fi ga'eessota hamma umurii 59 jiran kan talaallii hin fudhanne hunda, sababoonni balaa kan fedhe ta'aniis
- Ga'eessota 60 fi isaa ol jiran kan sababoota balaa armaan gadii qaban:
  - Saaxilama wal qunnamtii saalaa
  - Karaa Gogaa ykn mukesal dhiigaf saaxilamuu
  - Gara iddoowwan hammi dhibee hepatitis B giddu-galeessa ykn ol'aanaa ta'etti imaluu
  - Dhibee tiruu baay'ee cimaa ykn dhibee HIV

**Odeeffannoo dabalataf:**

**www.cdc.gov/hepatitis/hbv/**
**doh.wa.gov/hepbhub**

Hep B Hub
doh.wa.gov/hepbhub

Washington State Department of Health

DOH 420-407 May 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoot-ni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookiin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

Eeyyama Minnesota Department of Health (Qajeelcha Fayyaa Mineesotaa) wajjiin akka wal simatu kan taasifame